# سُورَةُ الإِخْلَاصِ
# Suuraa Ikhlaasg

*Dura dursoo, suuran, tun {suuratul'ikhlaasg} je'amti — قبل كل شئ هذه هي سورة الإخلاص

*Isiin suuraa makkaati . — وهي مكيــة

*Aayaanni isi'ii afur {4}. — وآياتهـا أربـع

*Lakkooysi isi'ii dhibbaafii kudha lama {112} — وعددها مائة واثنتا عشـرة

*Isiin eega suuraa {Naasii} buute. — نزلت بعد سورة الناس

*Sababaan isiin buutef orma kuffaaratiitu nabi Muhammadiin mee waan Rabbiin kee taye nuu himi,inni dhaga'arraa tolfamemoo ziqiyarraa, yookaa mukarraayimoo, nama haati gara`atti ba`attee dhaltee? mee waan Rabbiin kee taye nuu himi je`anii gaafatan,saniif Rabbiin suuraa tana buuse. — سـبب نزولهـا

*Jalqabni dubbi`ii maqaa Rabbii rahgmata qabuutii. — بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَٰنِ الرَّحِيمِ

**1}***Yaa ergamaa kiyya Muhammad orma kuffaaraa saniin akki jettu Rabbiin kiyya tokkicha waan isa fakkaatu hin qabne, kan namni dalagaa akka dalagaa isaa dalagu hin jirre,kan namni beekkomsa akka beekkomsa isaa qabu hin jirre, kan namni humna akka humna isaa qabu hin jirre, inni kan hiriyaa hin qabne, waa takka keessattillee, maalif ? Rabbiin odoo lama tayee, wal didda`aatu dhufa wal diddaan dhufnaan, badi`iitu dhufaa, wanni argamu hin jirtu, wanni qajeelee deemulleen hin jirtu, haa tayuu wanni nuti laallee garru uumaa bareedduu, dabiinsan qabne, tan wal dhabiinsan qabne, ta namni isii uume, tokko tayuu himtu, kan beekkomsa qabu, jiraa duuti isaan hin malle, kan waan uume hunda hin daganne, kan waan guutuu malee ir'uun isaan hin malle. — قُلْ هُوَ اللَّهُ أَحَدٌ ﴿١﴾

**2}***Rabbiin isa namuu itti haajamu kan wanni isarraa Duroomu hin jirre kan ilmoon garaa haadhaa keessatti itti haajamtu, qurxummiin bishaan keessatti itti haajamtu ,kan namni dhukkubsatu fayya`aaf itti haajamuu, kan rooba haa nuu kennu`uuf itti haajamnu, {sgamad} {samad} jechuun: kan namaa saani itti haajamu, dureessa wahittin haajamne, kan wahayyuu isatti haajamu jechu'. — اللَّهُ الصَّمَدُ ﴿٢﴾

*Rabbiin waan dhalle ,maalif ? Ilmoon jaarti`itti haajamti , wanni jaartii fuudhanii — لَمْ يَلِدْ

cinqii ba'atanii wajjiin jiraatu`utti geessu haajaadhaa, haajan sun ilmoo,yoon dulloome na gargaartu haa naa dhaltu`uu jecha itti haajamtuu,waan biraatii itti haajamtuu ,duuba kun hundinuu ir`ummaadhaa, waan Rabbiin maluu miti, inni dureessan haajamne kan waa hunda uume, kan gargaarsifanne, kan wanni uumame hundi gabroottan isaa taatee ,akkamiin gabara namaa tayuu`uufii, ilma namaa tayuun walitti qabamti?.

وَلَمۡ يُولَدۡ ﴿٣﴾

**3**}*Rabbiin an guyyaa keessaa dhalatee miti ,kan eega hin jirree argamee miti , kan duruma jiru ,wanni eega dhabamaatii argame Rabbi hin je`amtu,maalif namni eega dhabamaatii argame, nama isa argamsiisutti haajama, wanni haajamu ,inuma Rabbi hin je`amtu, Rabbiin dureessa waa takkattin haajamnee, tanaaf jecha wanni guyyaa keessaa argame, takkaa dhalate ,haadha qofarraa uumamuu kan akka nabi {iisa`aa}, takkaa abbaa qofarraa uumamuu kan akka {hawa`aa} tan aadamirraa uumamte, takkaa nama haadhaa abbaa malee uumame tayuu, kan akka nabi {aadam}, nama ibidarraa Rabbiin uume tayuu, kan akka jinni`ii, nama ifa'arraa uumame , kan akka malaayka'aa tayuu, kun hundinuu waan haajamaa, kan guyyaa keessaa argamee Rabbi hin je`amu.

وَلَمۡ يَكُن لَّهُۥ كُفُوًا أَحَدُۢ ﴿٤﴾

**4**}*Rabbiin ,tokkicha ,waa takkaa ke essatti hiriyaa, takkaa fakkaataa hin qabne kan qabne, kan dalagaa isaa keessatti, ammallee {sifa} isaa keessatti nama isa fakkaatu hin qabne, namni waan isa fakkaatu qabu, hundi Rabbi hin je`amu, maalif ? Wanni ati laaltee gartu hundi waan Rabbiin uume, takkaa dalage, duuba isaafii wanni inni uume akkamiin wal fakkaatan? tanaaf jecha namni Rabbi tayuu hin dandayu, nama akka isaatitu jiraa, kan isa dura argame, takkaa isa booda argame, kan bakka inni dhalateen dhalate, kan nama isa nyaachisee obaasutti haajamu, kan nama xilaata isarraa deebisutti haajamu, ammas mukni Rabbi tayuu hin dandayu. muka akka isaatitu jiraa, ammas sibiilli Rabbi hin je`amu, sibiila akka isaatitu jiraa, ammas jinniin Rabbi hin je`amtu ,jinnii akka isaatitu jiraa,hundi isaanii gabroottan Rabbiitii,waytii fedhe isaan uumee, Rabbin je`aman isallee hin fakkaatan Rabbiin waa hunda uume, fakkaataa hin qabuu inni tokkichan haajamne, kan gargaarsifanne.

## WALALOO

Khakhadhatan Rabbii waa hunmaadufuu
Kha cinaq'ii nu baasuu ka nuu dadafuu
Ar'aafii borullee isuma qabnaa
Rabbiin keenya guddaan isaan nu uumee
Muhammad nuu ergee toltu nuu hime
Baraa nu isaanin baane dukkanaa
Rabbiin hunda uumee tokkichaa barii

Kan fakkaatan qabnee hundaan gargarii
namni kana yaaduu inni mu`minaa
Tokkichan haajamneen gargaarsifatuu
Dachii samii uumee mee laali atuu
ajaa`iba gartaa gamaa gamana
Samii nuu ol fuudhee utubaa malee
Nuu bal`ise dachii , dhifaadhan malee
waan inni nuu uumee,nyaannee uffannaa
Yoo firii takkitti darbanne baraa
Kuma nuu dabarsaa ifuma biraa
Goggogaa facaafnus jiidhaa murannaa
Galanni ka saatii waan kennirrattii
Galchineen dandeenyuu hunduma saatii
haangarraa dandeenyuu numa galchinaa
Qananii takkitti galata siidhaa
Galchineen dandeenyuu mee qalbii godhaa
bara hanga dandeenyun,taan ida`annaa
Galata saa galchuun itti amanuu
Tokkichan haajamnee kan hundaa kennuu
Muhammad nabiyyii itti amannaa
Eeganaa salaanne zakaa baafannaa .
Soomannee hajjii yoo dandeenye goonaa
Akkaataa islaamaa akkaan barannaa
Yaa Rabbi nuu kennii gargaarsa kan kee
Kha ati gargaartee cinqii yoom arkee
Nu gabroottan kheetii suma khadhannaa
Qananii tee gooytaa mee nuu dabalii
Haadhaa abbaa keenyaa ilmaanin walii
Arjaa hundaa kennuu nu suma qabnaa
Yaa Rabbi yaa rabbii nu suma qabnaa
Si yoo sirraa mayn'ee eenyu qabannaa
Sii nu argamsiisee kamiin si gannaa
Umrii nu dheeressii diin keetirrattii
Nagayaan nu geessii nabii keetittii
Muhammad jaalallee isaaf hawwinaa}

Suuran {ikhlaasg}tun, qur`aana harka sadiyirraa, harka tokkotti qixxooyti, namni hoggaa sadii isii qara`e, akka waan qur`aana hunda qare`eeti jechu`u.